

Waamicha Hiriira nagaa

Baqachuun yakkaa miti!

Hiriira nagaa guutuu Hessen keessati deemsisuun gochaa moottummaan Jarmanii Kooluugaltootta ykn baqatootta tooannaa jala olchuun, nama addaan hireeti kaan nama gaariif nama gadhee jedhee, kaan nama faayidaa qabuuf nama faayidaa hinqabnne jedhee madaaluun; gargar hiree dharraa ilmoon namaa jirenya gaarii (jiruu wayyaba) barbaacha tattaafanna godhan akka yakka tokkootti illaalu sana dura dhaabbanna.

Dhuma bara 2017 keessa Moottumaan Naannoo Hessen iddoo manni hidhaa yakkamtootta magaala Darmstadt itti hidhaman keessati Galma ykn Moonaa Baqatoota fedhii iisaani malee gara biyya isaanii ykn biyya iassaan keessa dhufaniti deebisuuf itti waliti qabu ijjaaruuf murteessee jira.

Iddoo kanati baqataa hamma nama 50 ol ta'u yakka takka malee- hamma biyya irra dhuffanitti issaan deebisaniif achiti hidhamani gara biyyotta adda adda ti deebiffaman. Fakkeenyaaf biyoota akka Afganistan fi Pakistan fa'atti deebisuuf.

Moottummaan naannoo Hessen gochaa mirga (haqa) ilma namaa miidhuu (dhiitu) kana akka waan salphaatti irraa haassayutti jira. Hidhaa kana jechootta akka " Jireenna akka haal- qabeessa ta'eti ilaalun, haa dangeffamanii malee jireenni baqatoonni achi keessati jiraatan haal-qabeessa akka ta'ee" fi yoo akka kana hinta'in ammoo akka mootumaan jedhutti Hawasni biyyaatii baqataa ufti simachuuf fedhii fi ykn qophii hinqabaatu.

Jechii akka kana amansiissaa ta'uu dhabuu qofa uttu hinta'in jecha dhugaa irraa fagaate. Kun kan muldhissu hammam worii fanfantoota sanyii biyya alaa ulaagaa Siyyasa biyatti keessa lixanii mirgi ilma namummaa akka hin eeggamnee dhiibba kana hin jedhammnne moottumma keessatti akka godhani dha.

Seeraa fi heera kooluugaltumaa fi godaantummaa dhiphisuun (dhiphissanii), mana hidhaa baqatootaa babaldhisaniif ijjaaruun, yaada worra Fanfantoota sanyi biyya alaatiif harkka kennachuuf balaa issaan kooluugaltoottaf dhalatta biyya alaa irratii godhan deegaruu ta'a.

Kun dhaabbachuu qaba! Akka nu'i wal irratii bobbaanuuf wanna godhamu kana cal jenneetumma illaaluun hin ta'u.

Baqqattottoon, worri uffii uffiitin wal ijjaaran , Tola-ooltonni, worri yuyyaa guyyaan harriiroo qabaniif sosocho'a adda addaa irrattii qooda fudhatan , worrooni Parlaamaa keessati siyyaassa wooyooma Godaantotaafi falman, Namooni parlaamaanallatiis Ilmoon nama akka barbaadetti addunya tana irratii bilisaan sosochouu akka dandeettuf , mirga jirenya gaarii akka argataniif falmitani fi hawwitan hiriira kana irratii gaafa Ammajii 20, 2018 yaada (motto) " Hawwasumman hundumaaf " " Community for all" jedhuun tokko taanee ijjaarssa mana hidhaa magaala Darmstadt keessati ta'uuf deemu affoo akka dhaabbanu waamicha isiniif goona.